# QAJEELFAMA BARNOOTA IDILEEN DURAA

## BIIROO BARNOOTAA OROMIYAA

Bitootessa, 2010

BBO

# Contents

1. Seensa ........ 1
2.Kaayyoo ........ 2
2.1.Kaayyoo Gooroo ........ 2
2.2. Kaayyoo Gooree ........ 2
3. Barbaachiisummaa Qajeelfama Barnoota Idileen Duraa ........ 2
KUTAA TOKKO........ 3
Tumaalee Waliigalaa ........ 3
Keeyyata 1. Mata duree Gabaabaa........ 3
Keeyyata 2. Hiika Jechootaa........ 3
Keeyyata 3. Ibsa Koorniyaa ........ 4
Keeyyata 4. Daangaa Raawwatiinsa Qajeelfamichaa ........ 4
KUTAA LAMA........ 5
Keeyyata 5. Gurmaa'insa Manneen Barnoota Idileen Duraa........ 5
5.1. Haala Filannoo Iddoo........ 5
5.2. Haala Gurmaa'insa Mooraa Barnoota Idileen Duraa........ 5
Keeyyata 6. Gurmaa'insa Kutaalee Tajaajiila Adda addaa Kennanii ........ 6
6.1. Filannoo fi Gurmaa'ina Dareewwan Barnootaa ........ 6
6. 2. Kutaa Daa'imman Keessatti Nyaatan ........ 7
6 .3. Kutaa Hara Galfannaa Daa'immanii........ 8
6 .4. Mana Fincaanii........ 8
6 .5. Kutaa Gargaarsa Yaala Hatattamaa (First Aids Room) ........ 8
Keeyyata 7. Gurmaa'insa Humna Namaa........ 10
7.1. Barsiisota........ 10
7.2. Kunuunsituu........ 10
7.3. Gurmaa'insa Gamtaa Maatii Barattootaa fi Barsiisotaa (GMBB) ........ 10
KUTAA SADI ........ 11
Keeyyata 8. Sirna Kenniinsa Barnoota Idileen Duraa ........ 11
8.1. Kallattiiwwan Xiyyeeffannoo Barnootaa........ 11
8.2. Qoodiinsaa fi Tamsaasa Wayitii Barnootaa........ 11
8.3. Malleen Baruu- barsiisuu........ 13
8.4. Qophii fi Itti Fayyadama Meeshaalee Deeggarsaa/Leeccalloo Barnootaa fi Taphaa ........ 14
Keeyyata 9. Iyyaafannaa Walitti Fufaa fi Madaallii........ 17

KUTAA AFUR ..... 18
Keeyyata 10. Madda Faayinaansii Sagantaa Barnoota Idileen Duraa ..... 18
KUTAA SHAN ..... 18
Keeyyata 11.Gahee Hojii fi Itti Gaafatamummaa Dhimmamtoota Barnoota Idileen Duraa ..... 18
11.1. Gahee Hojii fi Itti Gaafatamummaa Biiroo Barnoota Oromiyaa ..... 18
11.2. Gahee fi Itti Gaafatamummaa Waajjira Barnootaa Godina Ykn Bul/Magaalaa ..... 19
**11.3. Gahee Hojii fi Itti Gaafatamummaa Waajjira Barnootaa Aanaalee.** ..... 19
**11.4. Gahee Hojii fi Itti Gaafatamumaa Manneen Barnootaa** ..... 20
11.5. Gahee hojiifi itti gaafatamummaa Gamtaa Maatii Barattootaa fi Barsiisotaa (GMB) ..... 21
11.6. Gahee Hojii fi Itti Gaafatamummaa Dhimma Dubartootaa fi Daa'immanii Sadarkkaa Sadarkkaan Jiranii ..... 21
11.7. Gahee Hojii fi Itti Gaafatamumma Dhaabbilee Fayyaa Sadarkaa Sadarkaan Jiranii. ..... 21
11.8.Gahee Hojii fi Itti Gaafatamummaa Dhaabbilee Deeggartootaa fi Miti- Mootummaa ..... 22
11.9. Gahee Hojii fi Itti Gaafatamumaa Hawaasaa ..... 22
11.10. Gahee Hojii fi Itti Gaafatamumaa Maati /Guddistootaa ..... 22
11.11. Gahee Hojii fi Itti Gaafatamummaa Barsiisotaa ..... 23
KUTAA JAHA ..... 24
Keeyyata 12. Sirna Hordoffii fi Deeggarsaa ..... 24
Keeyyeta 13. Sanada/Dokumantiiwwan Adda addaa Barnoota Idileen Duraatiif ..... 24
Barbaachisan ..... 24
Keeyyata 14. Hoji- Maata Diigaman ..... 24
Keeyyata 15. Haala Qajeelfamni kun Itti Fooyya'u ..... 24
Keeyyata 16. Yeroo Qajeelfamni Kun Itti Ragga'u ..... 24

## 1. Seensa

Barnoonni idileen duraa jireenya daa'immanii fuula duraatiif bu'uura kan buusuu fi barnoota sadarkaa tokkooffaatiif kan qopheessuudha. Akkasumas, dagaagina hunda galeessa (yaad-sammuu, qaamaa, hawaasummaa, afaanii, curriisaa, safuu, sansakaa fi k.k.f) isaanii toora hundaan guutuufiis deeggarsa guddaa akka taasisu qorannoowwaan ni agarsiisu.Sagantaan kun daa'imman haqummaadhaan fayyadamoo taasiisuun gahumsa barnootaa kara sirna qabeesa ta'ee fi gama qulqullina barnootaa fooyyeessuutiin faayidaa olaanaqaba.Gama diinagdee biyyaa guddisuutiinis gaheen barnoonni idileen duraa qabu olaanaadha.

Imaammanni barnootaa fi leenjii biyya keenyaa barnootni idileen duraa gulantaa barnootaa isa jalqabaa ta'uu isaa ifaan kan mul'isu yoo ta'eeyyuu waggoottan darban hirmaannaa fi uwwisni barnoota idileen duraa xiqqaa ture. Haaluma kanarraa ka'uun mootummaan xiyyeeffannoo itti kennuun hammattoo imaammata barnootaa fi kunuunsa daa'imman umrii ijoollummaa ganamaa qopheessuun hojiirra oolchuuf sochii irra kan jiru yoo ta'u, karaa kanaaniis bu'aawwan jajjaabeessoon galmaa'uurratti argamu.

Haaluma kanaan Sagantaa Misooma Barnootaa shanaffaa irratti uwwisa barnoota idileen duraa bara2012tti 80 % dhaqabsiisuuf karoorfamee jira (MoE; ESDP V, 2016 PP 77). Kaayyoo kana milkeessuuf tooftaalee (moodaalitiiwwan) kanneen akka: oolmaa daa'immanii, kutaa 'O', sagantaa daa'imman daa'immaniin fi sagantaa safiisaan daa'imman barnoota idileetiif qopheessuu fayyadamuun hojiirra oolchuuf kan karoorafamedha. Kanaafuu, haalli barnootni idileen duraa itti dhiyaatu haala qabatama naannoo irratti kan hundaa'e taasisuun haala fooyya'aan kennuun barbaachisaadha.

Waan kana ta'eef, mirga barachuu daa'immanii fi qulqullina barnootaa mirkaneessuuf akkasumas, haqumman fayyadamoo taasisuuf qajeelfamni kun qophaa'ee jira.

## 2. Kaayyoo

### 2.1. Kaayyoo Gooroo

- Qajeelfama Barnoota Idileen Duraa (BID) kana hojiirra oolchuun daa'imman barnoota idileetiif akka qophaa'an dandeessisuu.

### 2.2. Kaayyoo Gooree

- Sagantaa kana hojiirra akka oolu gurmaa'insa BID ifa ta'e diriirsuuf
- Daa'imman afaan dhalootaa fi sirna barnoota naannoo oromiyaatiin barachuu akka qaban xiyyeeffannoon irratti hojjechuuf
- Dhimmamtoonni sadarkaa sadarkaadhaan jiran qajeelfamicha hubachuun gahee fi itti gaafatamummaa isaanii haalan akka bahan taasisuuf
- Haaluma qajeelfamaatiin daa'immaniif naannoo barnootaa mijaa'a uumuuf
- Adeemsa baruu fi barsiisuu fooyyeessuuf meeshaalee barnootaa fi taphaa daree keessaa fi alaa sirna barnootaa wajjiin walsimsiisuun haala qabatamaa jiru irraa ka'uun wantoota naannootti argaman irraa akka qophaa'u karaa agarsiisuuf
- Daa'imman barnoota idileef qopheessuu fi dhiyeessii barbaachisaa ta'e guutuun qulqullinni barnootaa akka mirkanaa'u gumaacha taasisuuf
- Daa'imman fedhii addaa qabanii fi kan biroos haala qabatama naannoo bu'uureefateen hirmaannaa qaban guddisuuf.

## 3. Barbaachiisummaa Qajeelfama Barnoota Idileen Duraa

Barbaachisummaan qajeelfama kanaa inni guddan daa'imman akkaataa umrii isaaniitiin (waggaa 4, 5 fi 6) adda baasuun barsiisuu fi madaqsuun akka danda'amu haala mijaa'aa uumuuf. Dabalataanis, Daa'imman umrii waggaa 6 xumuranii gara kutaa 1$^{ffaa}$ yommuu galan rakkoo tokko malee haala salphaan barachuu akka danda'an, haftee fi harcaatii akkasummas irra deebii hirsuu fi adeemsa baruu fi barsiisuu fooyyaa'aa gochuuf.

Walumaagalatti daa'imman umrii ijoollummaa ganamaa keessatti argaman mirga barachuu isaanii mirkaneessuuf, carraa fi walgiitiinsa barnootaa babal'suun bu'uura irraa qulqullinni barnootaa mirkanaa'uu akka danda'amu qajeelfamni barnoota idileen duraa kun barbaachisaa ta'ee argamee jira.

# KUTAA TOKKO

## Tumaalee Waliigalaa

### Keeyyata1. Mata duree Gabaabaa

Qajeelfamni kun "Biiroo Barnoota Oromiyaatti Qajeelfama Barnoota Idileen Duraa" jedhamee waamamuu ni danda'a.

### Keeyyata 2. Hiika Jechootaa

Qajeelfama kana keessatti jechoota dhiyaataniif hiikni addaa yoo kennameefiin ala,

1. "Naannoo" jechuun Bulchiinsa Mootummaa Naannoo Oromiyaa jechuudha.
2. "Mootummaa Naannoo" jechuun Mootummaa Naannoo Oromiyaa jechuudha.
3. "Biiroo" jechuun Biiroo Barnootaa Oromiyaa jechuudha.
4. "BBO" jechuun Biiroo Barnootaa Oromiyaa jechuudha.
5. "Waajjira Barnootaa"jechuun akkaataa caaseeffama BBOtiin Waajjira Barnootaa Godinaa, Waajjira Barnootaa Bulchiinsa Magaalaa fi Waajjira Barnootaa Aanaa jechuudha.
6. "GMBB" jechuun Gamtaa Maatii barattootaa fi Barsiisotaa jechuudha.
7. "BID" jechuun Barnoota Idileen Duraa jechuudha.
8. ."Yaad-sammuu" jechuun dagaagina waliigalaa daa'immanii keessatti bilchina sammuu jechuudha.
9. "Currisa" jechuun dagaagina waliigalaa daa'immanii keessatti gocha miira keessoo qaama namaa wantoota uumamaniif saffisaan deebii kennuu danda'uu jechuudha.
10. "Sansaka" jechuun dagaagina waliigalaa daa'immanii keessatti gabbina xiin-sammuu daa'immanii jechuudha.
11. "Imaammata Barnootaa fi Leenjii" jechuun Imaammata Barnootaa fi Leenjii akka biyyaatti Ministeera Barnootaa Itoophiyaatiin qophaa'e jechuudha
12. "Sagantaa Misooma Barnootaa" jechuun sagantaa guddina misooma sektara barnootaa jechuudha.
13. "Moodaalitii" jechuun tooftaalee Barnoonni Idileen Duraa ittiin kennamuudha.
14. Kutaa "O" jechuun Moodaalitiiwwaan BID ittiin kennamu keessaa tokko ta'ee, Manneen Barnootaa Sadarkaa 1$^{ffaa}$ keessatti daa'imman umrii waggaa 6 (jaha) ta'aniif turtii waggaa tokkoof tooftaa daa'imman Barnoota Idileetiif ittiin qopheessaniidha.

15. “Oolmaa Daa’immanii” jechuun Moodaalitiiwwaan BID ittiin kennamu keessaa tokko ta’ee, daa’imman umriin isaanii waggaa 4-6 ta’an gulantaa sadii (Narsarii, LKG fi UKG) keessa dabruun tooftaa barnoota idileetiif ittiin qophaa’anniidha.
16. “Sagantaa Daa’imman-daa’immaniin” jechuun Moodaalitiiwwaan BID ittiin kennamu keessaa tokko ta’ee, daa’imman umriin isaanii waggaa 6 ta’an barattoota Kutaa 5ffaa-7ffaa jiraniin osoo mana jireenyaa isaanii irraa hin fagaatin tooftaa barnoota idileetiif ittiin qophaa’anniidha.
17. “Sagantaa Saffisaan Daa’imman Barnoota Idileetiif qopheessu” jechuun Moodaalitiiwwaan BID ittiin kennamu keessaa tokko ta’ee, daa’imman umriin isaanii waggaa 7 ta’an carraa barnootaa osoo hin argatin turan turtii ji’a lamaan keessattuu yeroo gannaa (Adoolessaa fi Hagayya) keessatti saffisaan tooftaa barnoota idileetiif ittiin qophaa’anniidha.
18. “Iddoo” jechuun bakka Barnoonni Idileen Duraa daa’immaniif itti kennamu jechuudha.
19. “Hallayyaa” jechuun haala teessuma lafaa boollaa fi baqaqaa ta’e jechuudha.
20. “Meehsaalee Taphaa” jechuun meeshaalee taphaa daa’imman daree keessaa fi dareen alatti bifa taphaatiin ittiin baratan jechuudha.
21. “Kutaa Hara galfannaa” jechuun kutaa daa’imman yeroo dadhaban keessa rafan jechuudha.
22. “Kutaa Gargaarsa Yaala Hatattamaa” jechuun daa’imman tapha keessatti yoo miidhaan irra gahe kutaa waldhaansi duraa itti kennamu jechuudha.
23. “Kornarii” jechuun kutaa daa’imman itti baratan keessatti bakka teessuma meeshsaalee barnootaa fi taphaa jechuudha.
24. “Iyyaafannaa Walitti fufaa”jechuun adeemsa dagaaginni hunda galeessaa daa’immanii ittiin hordofamu jechuudha.

**Keeyyata 3. Ibsa Koorniyaa**

Qajeelfama kana keessatti koorniyaa dhiiraan kan ibsame koorniyaa dubartiitiifis raawwatiinsa ni qabaata.

**Keeyyata 4. Daangaa Raawwatiinsa Qajeelfamichaa**

Qajeelfamni kun Manneen Barnootaa Idileen Duraa Mootummaa, Mit-Mootummaa, Dhuunfaa, Dhaabbilee Amantaa, Dhaabbilee Gargaarsaa fi Dhaabbilee Tola Ooltummaa hojii barnootaa Bulchiinsa Mootummaa Naannoo Oromiyaa keessatti gaggeessan hunda irratti kan raawwatamu ta’a.

## KUTAA LAMA

## Gurmaa'insa Manneen Barnoota Idileen Duraa, Kutaalee Tajaajila Adda Addaa Kennanii fi Humna Namaa

### Keeyyata 5. Gurmaa'insa Manneen Barnoota Idileen Duraa

#### 5.1. Haala Filannoo Iddoo

Barnoonni Idileen Duraa moodaalitiiwwan afraniin kan adeemsiifamu yoo ta'u haalli gurmaa'insa isaas amalootuma moodaalitiiwwanii irratti kan hundaa'e ta'a. Kanaafuu, haalli filannoo iddoo barnootni idileen duraa itti kennamu:

a. Hallayyaa irraa kan fagaate;
b. Iddoo balfi itti gatamuu fi dhangala'oon itti baay'atu irraa kan fagate;
c. Qilleensa qulqulluu kan qabu;
d. Gabaa fi bakka wacni (sagalee ol ka'aan) itti baay'atu irraa kan fagaate ta'uu qaba.

#### 5.2. Haala Gurmaa'insa Mooraa Barnoota Idileen Duraa

a. Mooraan barnootaa kan lafti isaa diriiraa, margaan kan uwwisame, mijaa'aa fi kan nama hawwatu;
b. Dhiyeessii bishaan qulqulluu kan qabu;
c. Mana fincaanii umrii daa'immanii waliin walsimu kan qabu
d. Mukkeen gaaddisa ta'uu danda'anii fi kuduraalee adda addaa kan qabu;
e. Meeshaalee taphaa dareen alaa guutuu kan qabu ta'uu qaba.

### 5.3. Haala Gurmaa'insa Meeshaalee Barnoota Idileen Duraa

**MeeshaaleeTaphaa Dareen Alaa**

| L.k | Akaakuu Meeshaa | Baay'ina | Yaada |
|---|---|---|---|
| 1 | Kubbaawwaan hangaan adda adda ta'an | 10 | 1:3 |
| 2 | Goommaa konkoolaataa hangaan adda adda ta'an | 3 | 3:10 |
| 3 | Inculuulloo(sheephisaa) | 2 | abbaa teessoo lamaa |
| 4 | Madaala(Miizana) | 2 | Abbaa teessoo lama lamaa |
| 5 | Sigiggoo(shololoo) | 1 | |
| 6 | Kortoo(Masalaalii) | 1 | |
| 7 | Ujummoo hulluuqqoo(Mashulakaa) | 1 | |
| 8 | Marmartuu(Ishikirkiriitii) | 1 | |
| 9 | Sanduqa ciirrachaa | 1 | |
| 10 | Haada utaalchaa | 10 | 1:3 |

## Keeyyata 6. Gurmaa'insa Kutaalee Tajaajiila Adda addaa Kennanii

### 6.1. Filannoo fi Gurmaa'ina Dareewwan Barnootaa

Dareen barnootaa daa'immaniif yommuu filatamu haalawwaan armaan gaditti dhiyaatan kan yaada keessa galfate ta'uu qaba.

a. Dareen barnootaa tokko haala daa'imman sirnaan keessummeessuu danda'uun ta'ee bal'inni isaa meetira 7x9 ta'a. Haalumaa kanaan daa'ima tokkoof karee meetira 1.55 ta'ee qophaa'u qaba;

b. Dareen barnoota idilee duraatiif filatamu barsiisuuf hawwata fi mijaawaa ta'uu qaba;

c. Dareen barnoota idilee duraatiif filatamu sagalee fi waca irraa kan fagate ta'uu qaba;

d. Dareen barnootaa qulqulluu, ifa gahaa galchuu kan danda'uu fi qilleensa qulqulluun kan guutame ta'uu qaba;

e. Dareen barnootaa daa'imman fedhii adda qabanii fi kanneen biroos seenuu fi ba'uu akkasumaas kutaa keessa haala gaariin sosocha'uu kan dandeessisu ta'uu qaba;
f. Lafti daree barnootaa haala qabatamaa naannoo irratti hundaa'uun kan afataan uwwifame ta'uu qaba;
g. Teessoo fi minjaalli irratti baratan daa'immaniif kan mijaa'an (xixiqqoo), shelfiiwwan daree barnootaa keessatti argaman, meeshaaleen barnootaa fannifamanii fi dhaaba manaa irratti maxxanfamanii fi k.k.f. daa'immaniif gargaaraa tokko malee haala salphaadhaan fayyadamuu kan dandeessisanii fi hawwatoo fi gammachisoo ta'uu qabu;
h. Dareen barnootaa umrii fi guddina qaama daa'immanii waliin kan madaalu ta'ee, keessaatti: kornarii afaanii, kornarii herregaa, kornarii saayinsii naannoo, kornarii suuqii (bakka daa'imman mi'a bituu itti shaakalan), kornarii ijaarsaa, kornarii mana yaalaa, kornarii muuziiqaa, kornarii fakkii fi k.k.f. qabachuu qaba;
i. Teessumni daa'immanii haala adeemsa baruu fi barsiisuu daa'imman irratti xiyyeeffate hojiirra oolchuuf mijaawaa kan ta'e, akkasumaas haala teesumaa adda addaa fayyadamuu kan dandeessisu ta'uu qaba.

**Meeshaalee Dhaabbii Daree Barnootaa Tokko Keessatti Barbaachiisan**

| T.L | Akaakuu Meeshaa | Baay'ina | Hangaa Sentii meetraan | Yaada |
|---|---|---|---|---|
| 1 | Gabatee Gurracha | 1 | 50 x 100 | |
| 2 | Gabatee beeksisaa | 1 | 50 x 100 | |
| 3 | Teessoo barsiisotaa | 1 | 40 x 56x 78 | |
| 4 | Minjaala barsiisotaa | 1 | 80 x 100 x 74 | |
| 5 | Teessoowwan Daa'immanii | 30 | 34 x 24 x 27 | Ulfaatni isaa k.g.2 kan hin caalle |
| 6 | Minjaala daa'immanii | 10 | 68 x 98 x 75 | |
| 7 | Shelfiiwwan meeshaan irra ka'amu | 3 | 10 x 200 x 40 | |
| 8 | Guuboo Balfaa | 1 | | |

## 6. 2. Kutaa Daa'imman Keessatti Nyaatan

Daa'imman yeroo turtii mana barnootaa keessatti bakka itti nyaatan isaan barbaachisa**.** Kanaafuu, haala qabatamaa naannoo mana barnootichaa irratti hundaa'uun kutaan keessatti

nyaatan qulqulluu fi qilleensa galchuu kan danda'u qopheessuudhaan akka keessatti nyaatan taasifamuu qaba.

### 6 .3. Kutaa Hara Galfannaa Daa'immanii

Daa'imman akkaatuma umrii isaaniitiin yeroo yerootti boqonnaa gahaa argachuu kan isaan barbaachisu waan ta'eef erga laaqana nyaatanii boodas hara galfachuu qabu. Kanaafuu, kutaan hara galfannaa, akkasumas kutaa keessatti, firaasha, boraatii fi ansoolaan ni barbaachisa.

### 6 .4. Mana Fincaanii

Daa'imman kutaa itti baratan irraa osoo hin fagaatiin manni fincaanii qophaa'uufii qaba.

a. Daa'immaniif kan mijaa'u ta'ee giddu galeessan boollii tokko daa'imman 20f ta'uu qaba; akkasumas haala qabatamaa naannoo fi umrii daa'immanii irratti hundaa'uun "pooppoo"n qophaa'uufii qaba.
b. Mana fincaanii biratti iddoo harka dhiqannaa fi bishaan itti kuusamuu jirachuu qaba.
c. Akksumaas manni fincaanii kan dhiiraa fi dubaraa adda bahee ijaaramuu qaba.
d. Mana fincaanii cinaatti iddoon qaama dhiqannaa daa'immanii qophaa'uu qaba.

### 6 .5. Kutaa Gargaarsa Yaala Hatattamaa (First Aids Room)

Daa'imman turtii mana barnootaa keessatti miidhaawwaan salphaa fi cimaan qunnamuu danda'a. Kanaafuu, manuma barnootaa keessatti gargaarsa yaala hatattamaa barbaachisaa ta'ee akka argataniif ogeeyyin fayyaa ramadamanii ykn barsiisotni leenji'anii daa'immaniif gargaarsa hatattamaa kennuu qabu. Miidhaan qunname cimaa yoo ta'e garuu gara dhaabbilee fayyaa dhiyeenyatti argamanitti geeffamuu qabu.

**Meeshaalee Kutaa Gargaarsa Yaala Hatattamaaf Barbaachisan**

| T.L | Akaakuu Meeshaalee | Baay'ina | Yaada |
|---|---|---|---|
| 1 | Jirbii | maraadhaan | * * * |
| 2 | Faashawwaan adda addaa(bandge) | Maraadhaan | * * * |
| 3 | Huccuuwwan rog-sadeen qophaa'an | 10 | * * * |
| 4 | Saamunaa harkaa teesuma isaa waliin | 1 | |
| 5 | Bishaan dhugaatii fi dhiqannaa | Jarikaaniin (calaltuu bishaanii fayyadamuu) | |
| 6 | Saavaloonii ykn ditoolii madaan ittiin dhiqamuu | 1 | * * * |
| 7 | Alkoolii | Abbaa liitira 1 | * * * |
| 8 | Jivii | 1 | * * * |
| 9 | Fooxaa harkaa | 2 | * * * |
| 10 | Muka haphii fi xiqqoo cabaan ittiin hidhamu(sipliintii) | 4 | * * * |
| **11** | Bandeejjii(kan cabaan ittiin hidhamu) | Maraa 2 | * * * |
| **12** | Siree ykn firaashii daa'imman irratti yaalaman | 1 | |
| **13** | Boraatii | 1 | |
| **14** | Uffata qorraa (blanket) | 1 | |
| **15** | Ansoolaa | 2 | |
| **16** | Guantii(gilaabii) | Paakeetiidhaan | * * * |
| **17** | Qabduu Jirbii madaa ittiin qulqulleessan(forsabsii) | 1 | * * * |
| 18 | Maqasa(Maqxoo) faashaa ittiin muran | 1 | * * * |
| 19 | Lilmoo fi waraanxoo | 1 | * * * |
| 20 | Lilmoo-qabsiistuu (Marfeequlfii) | Akkumaa argameen | * * * |
| 21 | Pilaastarii madaa | Paakeetiidhaan | * * * |
| 22 | Galmee yaadannoo | 1 | |
| 23 | Qalama | 1 | |
| 24 | Kubbayyaa | 2 | |
| 25 | Sahinaa golboo(xiqqoo) | 1 | * * * |
| 26 | Baatirii yaalaa | 1 | |
| 27 | safartuu ho'inaa (termoomeetirii) | 2 | * * * |
| 28 | Guuboo balfaa | 1 | |

## Keeyyata 7. Gurmaa'insa Humna Namaa

### 7.1. Barsiisota

Barsiisonni BID ogummaa barnoota idilee duraatiin dippiloomaan kan leenji'an ta'uu qabu. Barsiisotni barnoota idileen duraa dubartoota ta'anii, warren jaalala ogummichaa fi fedhii daa'imman kunuunsuu qabaniif dursi kennamuu qaba.

a. Barsiisotni BID daa'imman simannaa irraa kaasee hanga gara manaatti gaggeessanitti kunuunsuu fi barsiisuudhaaf itti gaafatamummaa qabu;

b. Barsiisotni BID amala daa'immanii guyyaa guyyaan hordofuun adda baasuun maatii waliin mari'achaa deeggarsa barbaachisaa taasisaa deemuun jijjiirama jiru galmeeffatanii amala daa'immanii bocaa deemuu qabu.

c. Barsiisotni BID leeccaalloo barnoota idileen duraa wantoota naannootti argaman irraa qopheessuun itti fayyadamuutu irraa eegama.

**d.** Manni barnoota BID of danda'ee kophaatti bahee bulchiinsa mataa isaa qabaachuu qaba. Kunis dubartii taatee barnoota idilee duraatiin kan leenjitee fi yoo xiqqaate sadarkaa barnoota dippiloomaatiin kan eebbifamte ta'uu qabdi.

### 7.2. Kunuunsituu

a. Kutaa BID tokkoof kunuunsituun tokko kan barbaachistu yommuu ta'u kutaa 10ffaa kan xumurtee fi qabiinsaa fi kunuunsa daa'immanii irratti leenjii kan qabdu ta'uu qabdi. Yoo ta'uu baate garuu gara hojichaatti osoo hin galin dura leenjii gagabaabaa argachuu qabdi.

b. Kunuunsituun sun yeroo nyaataa, qulqullinaa fi ciisichaa daa'imman kunuunsuuf itti gaafatamummaa qabdi; dabalataanis hojii barsiisotaan kennamuuf ni raawwatti.

### 7.3. Gurmaa'insa Gamtaa Maatii Barattootaa fi Barsiisotaa (GMBB)

Hojii barnootaa daree BID keessatti kennamu dhiyeenyaan deeggaruu fi hordofuuf gaheen GMBB olaanaadha. Kanaafis gurmaa'insi GMBB daree barnoota idileen duraa akka armaan gadii ta'a:

a. Dura buutuun Mana Barnootaa BID – walitti qabdu

b. Barsiistuun BID 1 –Barreessituu

c. Maatiiwwan /guddistoota irraa kan bakka bu'an3--- Miseensota

d. Ogeettiin Ekisteenshinii fayyaa gandichaa 1----------Miseensa

e. Bakka buutuun dhimma dubartootaa fi daa'immanii gandichaa 1--------- Miseensa

Miseensotni koree kanaa koreewwan xixiqqaa sadiin kan gurmaa'an yommuu ta'an koreewwan kunniinis koree Barnootaa, Fayyaa fi Faayinaansiiti.

Gamtaan Maatii Barattootaa fi Barsiisotaa (GMBB) itti waamamni isaa gumii maatiiwwanii fi barsiisotaaf ta'ee barri hojii isaas waggaa sadii ta'a. Haata'umalee, gumichi akka barbaachisummaa isaatti yeroo kamittuu miseensota korichaa jijjiiruu yookiin hojiirraa kaasuu nidanda'a.

## KUTAA SADI

### Keeyyata 8. Sirna Kenniinsa Barnoota Idileen Duraa

#### 8.1. Kallattiiwwan Xiyyeeffannoo Barnootaa

Qabiyyeewwan barnoota idileen duraa keessatti kennaman daa'imman sochiiwwanii fi hojiiwwan adda addaa raawwachuun qaamni isaanii akka gabbatuu fi jabaatu: yaadni sammuu, dandeettiin afaanii, walitti dhufeenyi hawaasummaa, dandeettiin dubbisuu/barreessuu fi herreeg-dura isaanii gabbachuu akka danda'u:

a. Guddinaa fi jabeenya qaamaa sirrii ta'e akka qabaatan kunuunsa barbaachisaa ta'e gochuu;
b. Bifa fudhatama qabuun kanneen biroo waliin walitti dhufeenya uumuu;
c. Afaan sirnaan fayyadamuu; aadaa fi duudhaa hubachuu akka danda'an deeggaruu
d. Sochii guyyaa guyyaa keessatti yaad-rimee herregaa fi shallaggii fayyadamuu.
e. Walitti dhufeenya naannoo waliin uumamuun naannoo isaanii sirritti beekuu, qorachuu fi jireenya isaanii waliin walsimsiisuu.

#### 8.2. Qoodiinsaa fi Tamsaasa Wayitii Barnootaa

Barnoota idileen duraa daa'immaniif guyyaa guyyaan kennamu keessatti guyyaatti waytilee barnootaa 5(tokkoon tokkoo isaanii daqiiqaa 30), akkasumas torbeetti wayitileen 25 barnootaa fi taphaaf ooluu qabu. Xumura wayitii barnootaa tokkoo tokkoo isaa irratti barnoota itti fufu otoo hin eegalin dura daqiiqaawwan muraasaaf hojiin dadammaqsuu ykn ceesisuu jiraachuun qophaa'ummaa daa'immanii waan dabaluuf haala kanaan hojii irra oolchuun murteessaadha. Barnootni Idileen duraa haala qabatamaa mana barumsichaa irratti hundaa'uun guyyaa walakkaa yookiin guyyaa guutuu kennamuu ni danda'a. Kanaafuu, tamsaasa sagantaa guyyaa armaan gaditti dhiyaatan keessaa inni tokko hojiirra ooluu qaba.

1. **Sagantaa Guyyaa Barnoota Idileen Duraa Filannoo Tokkoffaa**

| **T/L** | **Gosa sagantichaa** | **Yeroo** | |
|---|---|---|---|
| 1 | Yeroo simannaa | 1:45-2:00 | |
| 2 | Qophii dursa barnootaa | 2:00-2:05 | |
| 3 | Barnoota | 2:05-2:35 | |
| 4 | Qophii dursa barnootaa | 2:35-2:40 | |
| 5 | Barnoota | 2:40-3:10 | |
| 6 | Qophii fi nyaata ciree | 3:10-3:40 | |
| 7 | Boqonnaa /tapha bilisaa | 3:40-4:30 | |
| 8 | Qophii dursa barnootaa | 4:30-4:35 | |
| 9 | Barnoota | 4:35-5:05 | |
| 10 | Qophii fi nyaata laaqanaa | 5:05-5:35 | |
| 11 | Qophii ciisichaa fi boqonnaa | 5:35-6:35 | |
| 12 | Ciisichaa ka’uu fi qulqullaa’uu | 6:35-6:50 | |
| 13 | Qophii dursa barnootaa | 6:50-6:55 | |
| 14 | Barnoota | 6:55-7:25 | |
| 15 | Qophii dursa barnootaa | 7:25-7:30 | |
| 16 | Barnoota | 7:30-8:00 | |
| 17 | Qophii gara manaa galuu | 8:00-8:10 | |
| 18 | Gara manaa gaggeessuu | 8:10-8:30 | |

**2. Sagantaa Guyyaa Barnoota Idileen Duraa Filannoo Lammaffaa**

| T/L | Gosa sagantichaa | Yeroo | |
|---|---|---|---|
| 1 | Yeroo simannaa | 1:45-2:00 | |
| 2 | Qophii dursa barnootaa | 2:00-2:05 | |
| 3 | Barnoota | 2:05-2:35 | |
| 4 | Qophii dursa barnootaa | 2:35-2:40 | |
| 5 | Barnoota | 2:40-3:10 | |
| 6 | Qophii dursa barnootaa | 3:10-3:15 | |
| 7 | Barnoota | 3:15-4:45 | |
| 8 | Boqonnaa /tapha bilisaa | 3:45-4:30 | |
| 9 | Qophii dursa barnootaa | 4:30-4:35 | |
| 10 | Barnoota | 4:35-5:05 | |
| 11 | Qophii dursa barnootaa | 5:05-5:10 | |
| 12 | Barnoota | 5:10-5:40 | |
| 13 | Qophii gara manaa galuu | 5:45-6:00 | |

### 8.3. Malleen Baruu- barsiisuu

Barnoota idileen duraa keessatti gochaaleen addaa addaa daa'immaniif dhiyaatan gahumsa yaad-sammuu fi qaama daa'immanii waliin kan wal-gitanii fi jireenya borii isaaniif gumaacha guddaa kan godhan ta'uu qabu. Sadarkaa kanatti barnoota daa'immaniif kennamu gabbisuu irratti xiyyeeffachuun mala baruu-barsiisuu daa'ima giddu-galeessa godhate bu'ureeffachuu qaba. Kanaafis, dhuunfaanis ta'ee gareedhaan akka raawwatamaniif gochaaleen addaa addaa qophaa'an haalota qaama, yaad-sammuu, currisaa fi hawwaasummaa daa'immanii tilmaama keessa kan galchan ta'uu qabu.

Daa'imman barnoota isaaniif dhiyaatu dammaqinaan hirmaachuun barachuu akka danda'an gammachuu fi fedhii qabaachuu fi qophaa'oo ta'uu isaanii hubachuun barsiisotni malleen baruu-barsiisuu adda addaa umrii daa'immanii giddu galeessa godhate fayyadamuu qabu. Malleen baruu-barsiisuu kunneenis warreen armaan gadiiti.

- Tapha/sosochii barumsa kennu, fakkeessanii taphachuu, tapha ijaarsaa, tapha diraamaa
- Faaruu
- Sheekoo
- Hojjetanii agarsiisuu
- Daawwannaa dirree/too’annaa barsiisotaatiin/
- Marii
- Gabaasa afaanii
- Ibsa (daa’imman kan hirmaachisuu) fi kkf dha.

Daa’imman malleen baruu-barsiisuu armaan olitti eeramaniin deggaramuun gaafachuun, dhaggeeffachuun,ilaaluun,mari’achuun,sochii qabatamaan, kanneen biroo akkeessuun,yaaluu fi dogoggoruun, shaakaluun,naannoo isaaniiqorachuun,sadarkaa isaaniitti yaaliiwwan sasalphaa geggeessuufi kanneen kana fakkaataniin ni baratu.

## 8.4. Qophii fi Itti Fayyadama Meeshaalee Deeggarsaa/Leeccalloo Barnootaa fi Taphaa

Daa’imman odeeffannoo fudhachuufi gara gochaatti jijjiiruu kan danda’an qaama miiraa garagaraa fayyadamuun yoo ta’u kunis qaqqabachuun, tuttuquun, ilaaluun, dhaggeeffachuufi fuunfachuun waan ta’eef, barsiisonni kana hubachuudhaan yookiin beekudhaan wantoota naannoo isaaniitti argaman irraa meeshaalee deeggarsaa fi taphaa garaagaraa qopheesuun itti fayyadamuutu irraa eegama.

Meeshaalee deeggarsaa malee daa’imman jechaan barsiisuun bu’aafi jijjiirama barbaachisu fiduu kan hindandeenye ta’uu isaarrayyuu daa’imman barnoota akka jibban waan taasisuuf barsiisonni meeshaalee deeggarsa barnootaa qopheessuun itti fayyadamuuf xiyyeeffannoo itti kennuu qabu.

**Iddattoo Meeshaalee Taphaafi Deeggarsa Barnootaa Gola/Koornarii adda addaa Keessatti Barbaachisan**

| La kk | Gosa Meeshaa | Baayyina | Waanta irraa Oomishame |
|---|---|---|---|
| 1 | **Bakka Koornarii Maatii** | | |
| | Jabanaa | 1 | Suphee, Waraqaa bukaa'e |
| | Siinii | 6 | Suphee, Waraqaa bukaa'e |
| | Fallaana | 2 | Suphee, Waraqaa bukaa'e |
| | Saanii | 2 | Suphee, Waraqaa bukaa'e |
| | Okkotee/xuwwee | 1 | Suphee, Waraqaa bukaa'e |
| | Intalashee/Ashangulitii | 1 | huccuu, ispoonjii, waraqaabukaa'e |
| | Kursii xixiqqoo (Intalasheef) | 4 | Muka, kartoonii, dhagaa hoofii |
| 2 | **Bakka Koornarii Mana Yaalaa** | | |
| | Marxoo | 2 | Wuccuu |
| | Siriinjii duwwaa | 1 | Qulqulluu fi lilmoo kan hin qabaanne |
| | Meeshaa gurraan dhaggeeffatan (earphone) | 1 | Meeshaa gurraan dhaggeeffatuun,kirrii fi pilaastika |
| | Kaardii | 5 | Kilaaseerii /dosee |
| | Faashaa | | |
| | Dawaa /qoricha | 6 | Pilaastika shirooppii, meeshaa kininii duwwaa ta'e |
| | Meeshaa hoo'ina ittiin safaramu | 1 | pilaastika, man'ee qalamaa |
| 3 | **Koornarii suuqii** | | |
| | Madaala | 1 | Muka, qorqoorroo ykn wullee/qadaada pilaastika, |
| | baakkoo duwwaa | Haaluma argameen | Kan buskutaa, karameellaa , duungoo, kibriita |
| | Dabtara | 3 | Dabtara moofaa hintarsaane |
| | Saantimaafi nootii maallaqaa | Haaluma argameen | Waraqaa, kaartona |
| | Qalama/ kobbee | 4 | Man'ee kobbee/qalama dhume |

| | | | |
|---|---|---|---|
| | Dibata | 2 | Meeshalee duwwaa dibataafi vaaziliinaa |
| 4 | **Koornarii Saayinsii Naannoo** | | |
| | Meeshaalee yaalii | Haaluma argameen | Wantoota naannootti argaman |
| | Wantoota uumamaafi nam tolchee | Haaluma argameen | Baala, cirrachaafi firiiwwan naannootti argaman |
| | Huccuuwwaniifi fakkiiwwan adda addaa | Haaluma argameen | Wuccuuwwaniifi fakkiiwwan aadaa calaqqisiisan |
| | Moodeloota bineeldota adda addaa | Haala argameen | Dhoqqee, waraqa, dhagaa hoofii, huccuufi kkf |
| 5 | **Koornarii afaaniifi dubbisaa** | | |
| | Kitaabilee sheekkoo fi fakkii | Haala argameen | Waraqaa, fakkiiwwan, barruuleefi gaazexaa |
| | Gabatee qubee | Haala argameen | Waraqaa, muka, kaartoona |
| | Loottoofi doominoo qubeewwanii | Haala argameen | Waraqaa, muka , kaartoona |
| | Gabatee halluu | Haala argameen | Waraqaa abbaa halluu, kaartoona |
| | Gabatee qaqqabannaa | Haala argameen | Sand –peepparii, cirracha, kollaa |
| | Qubee shaash boordii | Haala argameen | Saand-peepparii, kaartoona, huccuu dabaloo |
| 6 | **Koornarii herregaa** | | |
| | Boocaalee ji'oomeetirii | Haala argameen | Kaartoona, pilaastika, muka, waraqaa fi kkf |
| | Gabatee gurraacha | Haala argameen | Kaartoona , pilaastika, chippudii |
| | Abakas | Haala argameen | Dooqa, kurree pilaastika haayilaandii, qorkii |
| | Saanduqa Shimalaa | Haala argameen | Mukkeen xixiqqoo |
| | Gulantaa lakkoofsaa | Haala argameen | Muka |
| | Gabatee yeroo | Haala argameen | Kaartoona, pilaastika |
| | Loottoofi doominoo lakkoofsaa | Haala argameen | Kaartoona, muka, pilaastika |
| 7 | **Koornarii Muziqaa** | | |
| | Meeshaalee aadaafi naannootti argaman | Haala argameen | Muka, gogaa, ribuu |

| 8 | **Koornarii Ijaarsaa** | | |
|---|---|---|---|
| | Meeshaalee salphumatti addaan hiikamanii walitti deebi'anii, adda bahanii fi walirra ka'aman | Haala argameen | Suphee, pilaastika, muka, qorkii, qadaada pilaastika hayilaandiifi kkf.. |

## Keeyyata 9. Iyyaafannaa Walitti Fufaa fi Madaallii

Qorannoofi qo'annoo hedduun akka agarsiisanitti daa'imman sadarkaa guddinaa walfakkaatu qabaatanis tokkoon tokkoo isanii fudhannaa barnootaafi fedhii adda addaa kan qaban waan ta'eef yoo dorgoman waliin waliin osoo hinta'iin tokkoon tokkoo daa'imaa kan dorgomu ofumaan yoo ta'u jijjiiramaafi fooyya'iinsa yeroo yeroon agarsiisuun ta'uu qaba. Iyyaafannaa walitti fufaafi madaalliin Barnoota Idileen Duraa gaggeeffamu kallattii sadarkaa guddina daa'immanii bu'ureeffachuun walitti fufiinsaan kan adeemsifamu ta'uu qaba. Kana jechuun, akka mana barnootaa idilee qorumsa kennuun osoo hinta'iin malleen madaallii garagaraa taphaan, gaaffiifi deebiin, gochaalee daa'imman hojjatanii fi hirmaannaa daa'imman yeroo yeroon taasisaniin ta'uu qaba.

Hirmaannaa daa'imman taasisaniif, hojii hojjetaniif haamilee kennuun daa'imman biroo akka hinmiinetti ta'uu qaba. Gama biraatiin, barnootni idileen duraa daa'imman gara kutaa tokkoffaatti ceesisuuf iddoo qophiin itti taasifamu waan ta'eef wal-dorgommiis barsiisuun barbaachisaadha. Kanaafuu, haalawwan lameen armaan olitti caqafaman kanneen walsimsiisuun hojii daa'imman  kutaa tokkoffadhaaf qopheessuu ni milkeessa.

Barsiisonni yeroo yeroon dagaaginaafi jijjiirama tokkoon tokkoo daa'imaa agarsiisu madaaluun maatiif beeksisuufi akkasumas maatiinis barsiisota waliin hariiroo uumuun akka hirmaannaa taasisan haala mijeessuun barbaachisaadha.

Daa'imman barnoota idileetiif kan qophaa'an waan ta'eef dhuma waggaa irratti bakka maatiifi dhimmamtoonni jiranitti sagantaa eebbaa sirna ho'aa ta'een raawwachuun barbaachisaadha.

## KUTAA AFUR

### Keeyyata10. Madda Faayinaansii Sagantaa Barnoota Idileen Duraa

Barnoota balliinaafi qulqullinaan waliin gahuuf baajanni murteessadha. Kanaafuu, madda galii barbaaduufi sirnaan fayyadamuun barbaachisaadha. Haaluma kanaan, damee barnootaa sadarkaa sadarkaan jiruufi manneen barnootaa sadarkaa tokkoffaa keessatti akkasumas dhabbilee barnootaa idileen duraa hunda keessatti hojii BID tiif baajata dhaabbiin yookiin idileedhaan ramaduun nibarbaachisa.

Dabalataaniis manni barnootichaa, maatii/guddistoonni daa'immanii, hawaasni, dhaabbileen mit-mootummaa, tola ooltonni, dhaabbileen amantaa, dhaabbileen hawaasaa adda addaafi kanneen kana fakkaatan madda baajataa ta'uu nidanda'u.

## KUTAA SHAN

### Keeyyata 11.Gahee Hojii fi Itti Gaafatamummaa Dhimmamtoota Barnoota Idileen Duraa

Daa'imman hundinuu barnoota fooyya'aa akka argataniifi dandeettii isaanii guutummaatti akka itti fayyadaman dhimmamtootni barnootaa waliin hojjechuu qabu.

BID haala fooyya'aa ta'een bu'a qabeessa gochuuf gahee fi itti gaafatamummaan dhimmamtootaa haala armaan gaditti dhiyaateera

#### 11.1. Gahee Hojii fi Itti Gaafatamummaa Biiroo Barnoota Oromiyaa

a. Qajeelfamoota, danbiiwwan fi tarsiimoo sadarkaa Ministeera Barnootaatti qophaa'an bu'uura godhachuun sadarkaa naannootti qopheeffachuun raawwachuu.
b. KBB keessatti barsiisota BID fi kunuunsitoota daa'imman BID leenjisuu
c. Ogeeyyii fi barsiisotaaf leenjjii kennuu
d. Sagantichaaf baajata ramaduu
e. Hordoffii fi deeggarsa fufiinsa qabu gochuu.
f. Sadarkaa naannootti waggaatti al-lama wal-ga'ii marii gaggeessuu.
g. Hanqinoota haala hojiirra oolmaa BID irratti qorannoo gaggeessuun fala barbaaduu.
h. Sanada leenjii barsiisotaa fi kunuunsitoota BID qopheessuun haala leenjii hordofuu.
i. Manneen barnootaa barnoota idilee duraatiin muuxannoo gaariiqaban filachuun muuxannoo isaanii manneen barnootaa birootti baballisuu.

j. Haala qabatamaa naannoo irratti hundaa’uun sirna barnootaa qopheessuun itti fayyadamuu.
k. Maddoota baajata adda addaa barbaaduun saganticha deggaruu

## 11.2. Gahee fi Itti Gaafatamummaa Waajjira Barnootaa Godina Ykn Bul/Magaalaa

a. Hoggansa, ogeeyyii barnootaa fi barsiisotaaf leenjii gaggabaabaa keennuu
b. Barsiisotni qaxalee ta’an(dubartoota) kutaa BIDtiif ramadamuu isaanii hordofuu
c. Manneen barnootaa keessatti barnootni idileen duraa afaan dhalootaatiin( Afaan Oromootiin) kennamaa jiraachuu isaa hordofuu
d. Hordoffii fi deeggarsa fufiinsa qabu gochuu.
e. Daa’imman umuriin isaanii waggaa 4-6 jiraniif carraa barnoota idileen duraa hin argatin adda baasuun duguuganii gara m/b BID akka dhufan tooftaa baasuu.
f. Manneen barnoota BID banaman haala itti gurmmaa’an tooftaa wixineessuu.
g. Sadarkaa godinaatti ykn Bulchiinsa magaalaatti waggaatti al-lamafi yeroo barbaachisetti walgahii marii gaggeessuu
h. Hanqinoota hojiirra oolmaa BID qorachuun fala kaa’uu.
i. Manneen barnootaa barnoota idilee duraatiin muuxannoo gaarii qaban filachuun muuxannoo isaanii manneen barnootaa birootti baballisuu.
j. Madda baajataa barbaaduun sagantticha deeggaruu.

## 11.3. Gahee Hojii fi Itti Gaafatamummaa Waajjira Barnootaa Aanaalee.

a. Waajjirri barnootaa aanaalee qaama hojiirra oolmaa sagantaa BID dhiyeenyaan horddoffi ifi deeggarsa kennu waan ta’eef gahee hojii fi itti gaafatamummaa guddaa qabu.
b. Daa’imman umuriin isaanii waggaa 4-6 jiran carraa barnootaa idileen duraa hin argatiin gara manneen barnootaa erguun BID akka hordofan tooftaalee baafachuu.
c. Manneen barnootaa sad. 1ffaa hunda keessatti wantoota BIDf barbaachisan guutuufi gurmeessuu.
d. Manneen barnootaa keessatti barnootni idileen duraa afaan dhalootaatiin( Afaan Oromootiin) kennamaa jiraachuu isaa hordofuu
e. Barnoonni kennamu sadarkaa guddina daa’immaniin kan wal gituu fi gahumsa qabu ta’uu isaa to’achuu fi deggaruu.
f. Daa’imman barnootarraa akka hin harcaane hordoffii fi deggarsa gochuu
g. Hooggantoota barnootaa fi barsiisotaaf leenjii gaggabaabaa kennuu.

h. Barsiisotni qaxalee ta'an(dubartoota) kutaa BIDtiif ramadamuu isaanii hordofuu
i. Saganticha hojiirra oolchuuf baajata ramaduu.
j. Hordoffii fi deeggarsa fufiinsa qabu gochuu.
k. Sadarkaa aanaatti waggaatti al-lamafi yeroo barbaachisaa ta'etti walgahii marii gochuu.
l. Hojiirra oolmaa BID ilaalchisee hanqinaalee mudatan adda baasuun furmaata laachuu.
m. Manneen barnootaa barnoota idilee duraatiin muuxannoo gaarii qaban filachuun muuxannoo isaanii manneen barnootaa birootti baballisuu.
n. Maddoota baajata adda addaa barbaaduun saganticha milkeessuu.

**11.4. Gahee Hojii fi Itti Gaafatamumaa Manneen Barnootaa**

Bulchiinsi barnootaa kan haala qabatamaa naannoofi hirmaannaa hawaasaa gaafatuudha. Kanaafuu, manneen barnootaa gahee armaan gadii qabu:

a. Daree BID haala daa'immaniif mijaa'utti gurmeessuu.
b. Barsiisotni qaxalee ta'an(dubartoota) kutaa BIDtiif ramadamuu isaanii hordofuu
c. Qajeelfamootaafi danbiiwwan hojiirra oolchuu.
d. Barnootni Idileen Duraa afaan dhalootaatiin( Afaan Oromootiin) akka kennamu haala mijeessuu
e. Dhimmamtoota waliin hojjechuun naannoo barnootaa mijaawaa gochuu.
f. Daa'imman umriin isaanii BIDtiif gahe dhimmamtoota wliin ta'uun duguuganii gara mana barnootaatti fiduu
g. Barsiisota, maatii ykn kunuunsitoota waliin wal gargaaruun barnoota sadarkaa isaa eeggate argachuu isaanii mirkaneessuu.
h. Harcaatii daa'immanii xiqqeessuuf maatii ykn kunuunsitootaa fi Gamtaa Maatiifi Barsiisotaa waliin hariiroo cimaa uumuu.
i. Daa'imman mana barnootaarraa harcaa'an maatii waliin mari'achuun gara mana barnootaatti akka deebi'an gochuu.
j. Manneen barnootaa aanaaleefi jaarmiyaalee miti-mootummaa waliin qindaa'uun barnootaaf haala mijaawaa uumuu.
k. Hawaasaafi dhimmamtoota waliin ta'uun baajata dabalataa barbaaduun itti fayyadamuu.
l. Sadarkaa manneen barnootaatti waggaatti yoo xiqqaate ji'a-ji'aan fi yeroo barbaachisetti walgahii marii gaggeessuu.

m. Hanqinaalee hojiirra oolmaa BID irratti gadi fageenyaan qo’annoo fi qorannoo gaggeessuun fala barbaadu.
n. Manneen barnoota BID wal gitaan biroo waliin muuxannoo waljijjiiruu.

### 11.5. Gahee hojiifi itti gaafatamummaa Gamtaa Maatii Barattootaa fi Barsiisotaa (GMBB)

a. Daa’imman umriin isaanii BIDtiif gahe duguuganii gara mana barnootaatti fiduuf sosochii hawaasaa finiinsuu
**b.** Barsiisonni gahee barsiisummaa isaanii sirriitti raawwachuu isaanii mirkaneessuu.
c. Barsiisota dirqama ogummaa isaanii bahuu dadhaban gorsuun sirreessuu, gorsaan kan hin deebine yoo ta’e dhimma isaa BBLG tiif ni dhiyeessa.
d. Barnoota BID akkataa karoorfameen hojiirra oolu isaa ni to’ata, hojii irra oolmaa isaatiif deggersa ni kenna.
e. Hirmaannaa hawaasaa fi maatii guddisuu
f. Fayyaa daa’immanii bifa fooyyee qabuun akka eegamu ogeessa fayyaa gandaa waliin ta’uun haala mijeessuu
g. Walgahii maatii /guddistootaa ni waama, walitti dhufeenya maatiifi mana barumsaa jajjabeessuufi rakkoolee mana barumsaa keessatti furmmaata hin argatin dura bu’aa mana barumsaa, maatiifi BBLG waliin ta'uun furmaata barbaaduu.

### 11.6. Gahee Hojii fi Itti Gaafatamummaa Dhimma Dubartootaa fi Daa’immanii Sadarkkaa Sadarkkaan Jiranii

a. Gurmaa’iinsa adda addaa fayyadamuun daa’imman umuriin isaanii barnootaaf gahe umurii waggaa 4-6 gara mana barumsaa akka dhufaniif maatii baratootaa dadammaqsuu
b. Bar-maatilee miidhaa geesisan, saamicha humnafi mirga daa’immanii eegsisuuf GMBB waliin tahuun hawaasaaf hubannoo uumuuf hojjechuu
c. Daa’imman barumsa isaanii akka addaan hin kunne maatii /guddistootaa fi GMBB waliin walitti dhufeenya cimaa uumuu
d. Maatii daa’imman barnoota isaanii addaan kutanii mariisuun fala kennuu
e. Daa’imman maatii hin qabneefi harka qalleeyyii ta’an akkaataa deeggarsa itti argatan haala mijeessuu.

### 11.7. Gahee Hojii fi Itti Gaafatamumma Dhaabbilee Fayyaa Sadarkaa Sadarkaan Jiranii.

a. Ragaa galmee maatii daa’immanii irraa gurmeessuun maqaa daa’immanii dhaabbilee barnootaaf kennuun gara barnoota BID tti akka galan haala mijeessuu.
b. Galtee kunuunsaa fi fayyaa daa’immanii guutuun deeggaruu.

c. Nyaataafi fayyaa daa'immanii irratti GMBB waliin qindoomuun kutaa BID tiif hojjechuu, deggersaa fi hordoffii taasisuu.
d. Fayyaa waliin wal qabatee dhukkubni daddarboon kutaa BID keessatti akka hin uumamne ittisuu, yoo uumames deggersa gochuu.
e. Kenniinsa yaala hatattamaa irratti barsiisotaaf leenjii kennuu.

### 11.8. Gahee Hojii fi Itti Gaafatamummaa Dhaabbilee Deeggartootaa fi Miti- Mootummaa

a. Sagantaa misooma barnootaa BID karaa xiyyeeffannoo qabuun meeshaaleefi faayinaansiin deeggaruu
b. Hoggantoota, ogeeyyii barnootaa fi barsiisotaaf deeggarsa ogummaa gochuu

### 11.9. Gahee Hojii fi Itti Gaafatamumaa Hawaasaa

Walitti dhufeenyi hawaasa naannoofi dhaabbilee barnootaa BID cimaa ta'uu qaba waan ta'eef, haawaasni itti gaafatamummaa armaan gadii ni qabaata.

a. Daa'imman umriin isaanii BIDtiif gahe naannoo isaanitti argaman duguuganii gara mana barnootaatti akka galan sosochii taasisuu,
b. Hawaasni /guddistootni fedhii guddina hunda galeessa daa'imman isaanii guutuuf carraaqqii godhuu
c. Gurmaa'iinsa koree maatii/guddistootaa kutaa BID keessatti hirmaachuu
d. Mannen barnoota idilee duraa abbumman bulchuufi nageenya isaa eeguu
e. Mannen barnoota idilee duraa meeshaan, humnaafi faayinaansiin deeggaruun babal'isuu

### 11.10. Gahee Hojii fi Itti Gaafatamumaa Maatii /Guddistootaa

Mana barumsaa keessatti hirmaannan maatii bu'a qabeessummaa daa'imman isaanii irratti qabu isa ijoo akka ta'e qorannoon ni agarsiisa. Maatiin barnoota daa'imman isaanii irratti yeroo hirmaannaa guutuu godhan:

- Qabxiin barattootaa ni guddata,
- Jijjiiramni amala barattootaa ni gabbata,
- Hafteen mana barumsaa ni xiqqaata,
- Hojii manaa isaanii yeroon akka hojjetan deeggaruu fi jijjiirama amala isaanii irratti gumaacha guddaa ni qabaata,
- Fedhiin daa'imman barnootaaf qabanis ni dabala,
- Barattoonni barnoota isaanii osoo addaan hin kutin xumuruun qabxii ol'aanaa akka galmeessisan ni taasisa.

Kanaafuu, maatiin /guddistootni gahee hojiifi itti gaafatamumaa armaan gadii ni qabaatu.

a. Daa’imman umriin isaanii BIDtiif gahe yeroon gara mana barnootaa geessuun galmeessisuu
b. Meeshaalee barnootaa guutuu;
c. Daa’imman yeroodhaan gara mana barnootaa geessuu fi barnootaan booda gara manaatti fudhachuu;
d. Daa’imman kunuunsuu fi deeggarsa gochuu;
e. Daa’imman mana barumsaa BID keessa jiran qaamaan, yaad-sammuu fi jireenya haawaasumaatiin kan hin bilchaanne waan ta’aniif itti gaafatamummaa dhaabbilee barnootaatti dhiisurra maatiin mana barumsaatti argamuun itti dhiyeenyaan hordoffii fi deeggarsa gochuu
f. Barnoota guyyaa guyyaan daa’immaniif kennamu hordoofuu fi deeggaruun hariiroo barsiistota waliin qaban cimsuu
g. Daa’imman BID barachuun jireenya isaanii keessatti bu’uura ta’uu isaatiif saganticha gaggeessuuf baasii barbaachisuu mootummaa qofaan waan hin dandaa’amneef maatiin /guddistootni dhaabbilee kana meeshaanis ta’ee maallaqaan deeggaruun daa’imman tajaajila guutuu akka argatan gahee isaanii bahuu
h. Koree maatii /guddistootaa BID keessatti gurmaa’uu fi hirmaachuu.
i. Walgahii maatii/guddistootaa manni barumsichaa waamu irratti hirmaachuu

## 11.11. Gahee Hojii fi Itti Gaafatamummaa Barsiisotaa

a. Daa’imman naannoo mana barnootichaatti argaman sakatta’uun umrii isaaniitiin adda baasuun galmeessuu
b. Yeroo kabajuun daa’imman simachuu fi gaggeessuu
c. Daa’immaniif jaalala agarsiisuu
d. Kunuunsa dagaagina qaamaa, yaad-sammuu, hawaasummaa fi dagaagina currisa daa’immanii mirkaneessuu
e. Sagantaa BID tiif qophaa’e bu’uura godhachuun karoora baafachuun hojiirra oolchuu
f. Maatii/guddistootaaf daftara yaadannoo qopheessuun walitti dhufeenya cimaa uumuu fi yeroo yeroon duub-deebii kennuu
g. Teessoo fi bilbila maatii daa’immanii sirnaan qabachuu
h. Ce’umsa manaa fi mana barumsaa gidduu jiru keessatti rakkoon akka isaan hin mudanneef haala mijeessuu

i. Qaamaan, yaad-sammuun, currisaan, hawaasummaafi xiin-sammuun daa'imman mana barumsaa idileef qopheessuu.
j. Daa'imman fedhii addaa qaban adda baasuu fi kunuunsa addaa gochuu
k. Yeroo hundaa of gahoomsaa deemuu
**l.** GMBB waliin hojjechuu

## KUTAA JAHA

### Keeyyata 12. Sirna Hordoffii fi Deeggarsaa

Hojirra Oolmaa qajeelfama kanaa, Biiroo Barnoota Oromiyaa irraa eegalee caasaan seektara barnootaa sadarkaa sadarkaan jiru hordofuu, deeggaruu, akkasums bakka hanqinni mul'atetti sirreeffama barbaachisu taasisuu qaba.

### Keeyyeta 13. Sanada/Dokumantiiwwan Adda addaa Barnoota Idileen Duraatiif Barbaachisan

a. Konvanshinii Idil-addunyaa Mirgoota Daa'immanii
b. Imaammata Barnootaafi Leenjii
c. Hammattoo Qajeelfamaafi Karoora Tarsiima'aa, Imaammata Kunuunsaafi Barnoota Daa'immanii Umurii Ijoollummaa Ganama
d. Sagantaa Barnoota BID
e. Qajeelcha Barsiisotaa Barnoota Idileen Duraa
f. Kitaabbolee Fakkii, Sheekoofi Dubbisa Garagaraa

### Keeyyata 14. Hoji- Maata Diigaman

Qajeelfamoonni biroo qajeelfama kanaan waltii bu'an ykn faallessan ykn hoji-maanni barataman raawwatamummaa hinqaban.

### Keeyyata 15. Haala Qajeelfamni kun Itti Fooyya'u

Bulchiinsa Mootummaa Naannoo Oromiyaatti Biiroon Barnoota Oromiyaa Qajeelfama kana akka barbaachisummaa isaatti fooyyeessuu yookiin haquu nidanda'a.

### Keeyyata 16. Yeroo Qajeelfamni Kun Itti Ragga'u

Qajeelfamni kun guyyaa manajimantiin BBO ilaalee mirkaneesse irraa eegalee kan ragga'uu fi hojirra ooluu dha.

**Dr. Tolaa Bariisoo**

**Bitootessa, 2010**

**Finfinnee**